Public Health
Seattle & King County

# Cytomegalovirus (CMV)

**Kabajamoo Maatii ykn Guddiftuu,**

**Waraqaan haqaa kun isiniif kennamee jira:**

☐ **Sababni isaas isin ykn daa'imni keessan CMV'f saaxilamtaniittu ta'uu danda'a.**

☐ **Dhimma odeeffannoo qofaaf.**

---

## Odeeffannoo Waliigalaa Waa’ee CMV

### CMV jechuun maalidha?

- Cytomegalovirus ykn CMV vaayirasiidha.
- Vaayirasii ijoollummaa baramaadha.

### Eenyuutu CMV'dhaan qabamuu danda’a?

- Namni kamiyyuu CMV'dhaan qabamuu danda’a.
- Namoonni hundi jechuun ni danda’ama bara jireenya isaanii keessatti CMV'dhaan ni qabamu. Namoonni sirna ittisa dhibee qaamaa fayyaa qaban baay’een isaanii gonkumaa mallattooleen irratti hin mul’atan ykn hin dhukkubsatan.
- Gareewwan namoota CMV'dhaan qabaman tokko tokko carraan daraan dhukkubsachuu ykn rakkoowwan fayyaa qabaachuu isaanii guddaadha, namoota armaan gadii dabalatee:
  - Sirna ittisa dhibee qaamaa dadhabaa ta'e qaban
  - **Kanneen ulfa ta'an.** Daa’imni garaa keessa jiru/jirtu kan hin dhalanne yeroo ulfaa CMV'dhaaf saaxilamuu danda’a. Kunis haalawwan ulfaatoo ta'an kanneen akka dhageettii dhabuu, ijaan arguu dadhabuu fi daa’ima garaa keessa jiru keessatti miidhaawwan dandeettii sammuu sadarkaa adda addaa fiduu danda’a.
- **Namoonni garee balaa olaanaa irra jiran (armaan olii) CMV'dhaaf saaxilameera ykn qabameera jedhanii yoo yaadan ogeessa fayyaa isaanii quunnamuu qabu.**

### Mallattooleen dhukkuba kanaa maali?

- Ijoolleen xixiqqoo baay’een isaanii mallattooleen dhukkubaa maaliif irratti hin mul'anne.
- Darbee darbee daa’imman umuriin isaanii guddaa ta’e ykn ga’eessonni CMV'dhaan qabaman kanneen armaan gadii dabalatee mallattoolee dhukkubaa salphaa qabu:
  - Ho'a qaamaa (American Academy of Pediatrics ho'a qaamaa akka teempireechara 100.4ºF [38ºC] fi isaa ol ta'etti ibsa)
  - Dhukkubbii qoonqoo
  - Ujummoolee dhiita’an
  - Dadhabbii
- Mallattoowwan CMV caalatti ulfaatoo ta’an dhimmoota ijaa, sombaa, kalee, ujummoo nyaataa, garaachaa fi mar'immaan of keessatti dabalata. Mallattoowwan kanneen keessaa tokko yoo mul’ate, ogeessa fayyaa keessan qunnamaa.

**Akkamitti tatamsa'a?**

- CMV dhangala'oo qaamaa kan akka fincaan, gorora (hancufa), dhiigaa fi aannan namaa keessatti argama.
- Vaayirasiin kun kan tatamsa'u:
  - Karaa hancufaa hidhii dhungachuudhaan ykn kubbaayyaa ykn meeshaalee nyaataa walii qoodduudhaan.
  - Namni tokko wanta ykn bakka (ashaangulitii afaan qaban ykn daayiperii) vaayirasiin kan irra jiru tuqee osoo harka hin dhiqatin booda afaan, ija ykn funyaan isaa yeroo tuqan babal'achuu danda'a.
  - **Yeroo ulfaa ykn yeroo harma hoosisuu da'umsa booda.**

---

## Daa'imni Koo CMV'dhaan Qabamuu Isaa/ishee Akkamittan Beeka?

- Infeekshiniin irra caalaan isaa adda hin baafaman sababni isaas vaayirasichi mallattooleen dhukkuba yoo jiraates muraasa fida.
- Haa ta'u malee, ogeessi fayyaa namoota garee balaa olaanaa qaban keessa jiraniif qorannoo ajajuu danda'a.

**Gaaffiilee dabalataa yoo qabaattan ykn daa'imni keessan CMV'dhaan qabameera/qabamteerti jechuudhaan yoo yaaddoftan, ogeessa eegumsa fayyaa keessan qunnamaa. Waraqaan kun odeeffannoo waliigalaa qofa kenna.**

---

## Daa'imni CMV'dhaan Yoo qabame/tte Maalan Godha?

**Yoo daa'imni keessan CMV'dhaan qabame/tte hatattamaan ogeessa kunuunsa daa'ima keessanii ykn mana barumsaa duraa beeksisaa.**

### CMV akkamitti yaalama?

- Yeroo ammaa kana nama fayyaa qabeessa ta'eef/taatef infeekshinii CMV'tiif yaaliin hoomtuu hin jiru.
- Namoota sirni ittisa dhibee qaamaa isaanii dadhabaa ta'e qabaniif teeraphiin qoricha farra vaayirasii ajajamuufi danda'a.

### Ani CMV akka hin tatamsa'ane akkamittan dhorkuu danda'a?

- Yeroo dhukkubsattan mana turaa.
- Yeroo baay'ee harka dhiqachuu, keessumaa erga daayiperii jijjiirtanii ykn wantoota afaan nama tokkoo keessa turan tuqxanii booda.
- Kubbaayyaawwan walii qooduu, meeshaalee nyaataa fi nama CMV'dhaan qabame kamiyyuu waliin dhuguu dhiisaa.
- Meeshaalee taphaa fi meeshaalee biroo ijoolleen afaan isaanii keessa kaa'an bishaanii fi saamunaadhaan sirriitti qulqulleessaa.
- Golgee manaa dhiquu fi qulqulleessaa.
- Ga'eessonni daa'imman hidhiiwwan isaanii irra dhungachuu dhiisuu fi harkoota daa'immanii, quboota, meeshaalee taphaa (ashaanguliitiwwaan ykn meeshaalee harma fakkaatanii

hojjetaman afaan isaanii keessa kaa’uu dhiisuudhaan, gorora daa’immanii (hancufa) waliin wal qunnamuu irraa of qusachuu danda’u.

---

## Daa'imni Koo Kunuunsa Daa’imaa Irraa Mana Turuu Ni Barbaachisaa?

**Lakki.** Ijoolleen CMV'dhaaf saaxilaman ykn dhukkubni isaanii adda baafame kunuunsa daa’immanii irra hafanii mana turuun hin barbaachisu **yoo kan armaan gadii ta'e malee:**

- Mallattoolee biroo waliin ho’a qaamaa (tempireechara 100.4ºF [38ºC]] fi isaa ol) qabu ta'e.
- Sochiiwwan daree keessatti hirmaachuuf miira gaarii hin qaban ta'e (fakkeenyaaf: dadhabbiin isaanii haala hin baratamneen; jeeqamuu ykn goolamuu; ykn yeroo idilee caalaa boo’uu ta'e).

**Maaloo imaammata dhukkubaa sagantaa kunuunsa daa’ima keessanii hordofaa.**

---

### Wabiiwwan

American Academy of Pediatrics

- Caring for our Children, Chapter 3 Health Promotion and Protection, 3.6 Management of Illness, 3.6.1 Inclusion/Exclusion Due to Illness
- Caring for Our Children. Chapter 7 Infectious Diseases, 7.7 Herpes Viruses, 7.7.1 Cytomegalovirus (CMV)
- Managing Infectious Diseases in Child Care and Schools, 6th Edition pages 93-94.

Center for Disease Control and Prevention

- About Cytomegalovirus (CMV). https://www.cdc.gov/cmv/overview.html.